

سُورَةُ النَّمْلِ
Suuraa Namlii

*Dura dursoo suuran tun {suuratunnamli}
je'anti

قبل كل شئ هذه هي سورة النمل

*Isiin suuraa makkaatii

وهي مكية

* Aayaanni isi'ii sagaltamii sadii {93}.

وآياتها ثلاث وتسعون (٩٣)

*Lakkooyisi isi'ii diiddamii torba {27}.

وترتيبها سبع وعشرون (٢٧)

*Isiin eega suuratushukgaraa'ii buute

نزلت بعد سورة الشعراء

* Jalqabni dubbi'ii maqaa rabbii rahgmata
qabuu

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

*Makgnaan jecha kana rabbumaatu beekha

طس

*Isiin tun, aayaanni tun,

تلك

* Aayaata qur'aanarraayi ,

آيَاتُ الْقُرْآنِ

1} *Aayata kitaaba haqa ibsuu,hayn'i
qur'aanan mul'atee.

وَكِتَابٍ مُّبِينٍ ﴿١﴾

*Kan jallinarra qajeello'otti nama baasu,

هدى

2} *Kan warra isa dhugo'oomsu jannataan
gammachiisu.

وَبَشِّرِ الْمُؤْمِنِينَ ﴿٢﴾

*Isaan warra salaata tolchee salaatu

الَّذِينَ يقيمُونَ الصَّلَاةَ

*Warra zakaa baafatu ,

وَيؤْتُونَ الزَّكَاةَ

3} *Isaan warra aakhirraa dhugo'oomsu
{beeku}

وَهُمْ بِالْآخِرَةِ هُمْ يُوقِنُونَ ﴿٣﴾

*Warri aakhirra'atti hin amanne, kan ni dhu-
ftii hin yaanne ,

إِنَّ الَّذِينَ لَا يُؤْمِنُونَ بِالْآخِرَةِ

*Dalagaa isaanii badduu isaanitti bareech-
ine jaalala isi'ii qalbii isaanii keessatti uurn-
nee, hanga gaarummaa isi'ii malee, hame-
nya yookaa darara isi'ii hin garre takkatti,

زَيَّنَّا لَهُمْ أَعْمَالَهُمْ

4} *Isaan ni dhama'an, kuffaari dukk ana
keessa jiraa, namni dukkana keessa demu,
ni dhama'aa

فَهُمْ يَعمَهُونَ ﴿٤﴾

*Isaan sun warri azaabni jabaan hamaan addunyaa tana keessatti, isaanif qophaaye , sun ajjeefamu'uu

5} *Isaan aakhira'atti warra khasaarama , yookaa bade, waan ibiddi zalaalami'ii isaan eeggatuuf jecha .

* Ati yaa ergamaa kiyya Muhammad, nag-eenyi sirratti haa jiraatuu, qur'aana kana ni kennamta, ni fudhatta,

*Rabbii hikmaa qabu biraa sii dhufaa

6} *Rabbii waa hunda beekhu . je'e, isaanii biyya madyanirraa gara misraa deemu kan halkan dukkana kara'arraa badan dubbadhu, wanni jaartii isaatifii ilma isaatifii khaadima isaatin je'e :

*Waan gaaf tokko muusanjaartii isaatin je'e , isaanii biyya madyanirraa gara misraa deemu kan halkan dukkana kara'arraa badan dubbadhu wanni jaartii isaatifii ilma isaatifii khaadima isaatin je'e

*An faga`oottin ibidda argee

*Dhaqetaan oduu khara'aa, tilmaama isaatin isinitti deebi'aa, nama karaa nu qajee-lchu dhabnee,

*Takkaa ibiddan irraa qabsiisee isinii fidaa,

7} *Akka qabbanarraa ow'ifattan, waytiin qabbanaa isinittiin deebi'aa asitti na eegaa je'een haa tayuu dalagaa biraatii seenee ittin deebine.

*Duuba muusan hoggaa bakka san gayu , wanni arge, mukha gurraacha qaamni isaa hundi ibiddaa, kan gubanne, kan ifa an isaa sarni'itti dhaabbatu,

*Hoggaa san rabbii muusa'atti lallabee akki je'e: namni bakka ibiddaa keessa jiru, barakaa argate

أُولَئِكَ الَّذِينَ هُمْ سُوءُ الْعَذَابِ

وَهُمْ فِي الآخِرَةِ هُمُ الْآخِضُونَ ﴿٥﴾

وَإِنَّكَ لَتَلْقَى الْقُرْآنَ

مِن لَّدُنْ حَكِيمٍ

عَلِيمٍ ﴿٦﴾

إِذْ قَالَ مُوسَى لِأَهْلِهِ إِنِّي

عَاسْتُ نَارًا

سَأْتِيكُمْ مِنْهَا بِخَبَرٍ

أَوْ آتِيكُمْ بِسَهَابٍ قَبَسٍ

لَعَلَّكُمْ تَصْطَلُونَ ﴿٧﴾

فَلَمَّا جَاءَهَا

تُودِي أَنْ بُورِكَ مَنْ فِي النَّارِ

*Namni ibiddi san maddii jirus barakaa argate ,xahaarame, namni bakka nuuraa san keessa jiru, muusa'a, kan maddii jimmalaa-ykaadhaa takkaa kan ibiddi keessajiru, kan maddii jim muusa'a,

وَمِنْ حَوْلِهَا

8} *Rabbiin waa hunda uume, waan isaan hin malle hundarraa qulqullaaye,kan waan fedhe dalagu, kan wanni uume tokkolleen isan fakkaanne.

وَسَبَّحَنَ اللَّهُ رَبِّ الْعَالَمِينَ ﴿٨﴾

*Yaa muusaa kan kana dalage {ana} rabbiin

يَمُوسَىٰ إِنَّهُ أَنَا اللَّهُ

*Kan waa hunda dandayu ,

الْعَزِيزُ

9} *Kan hikmaa qabuu si maraxadhee, si ergee, si qulqulleessee, dalagaa ragaan sir-raa barbaadamutti seentaa

الْحَكِيمِ ﴿٩﴾

*Ulee tee tana lafa kaayi, takkaa darbi, du-uba darbe, darbinaan bofa taate

وَأَلْقَىٰ عَصَاكَ

*Duuba muusan hoggaa ulee bofa taatee sossootu argu

فَلَمَّارَةٌ أَهَّاتَمَّتْ

*Ulee bofa taatee akka bofaxixiqqa'atti ,ce-etu guddoo tayu'uun wajji argu ,

كَأَنَّمَا جَاءَتْ

*Dheefaf irraa gara gale, laaluu dadhabee,

وَلَّىٰ مُدْبِرًا

*Jf duuba hin mil'annee, hoggaa san rabb-iin itti lallabee akki je'een :

وَلَمْ يَعْقِبْ

*Yaa muusaa ulee bofa taate tana hin sodaatin,

يَمُوسَىٰ لَا تَخَفْ

10} *Ergamoonni khiyya na biratti hin sodaatuu,

إِنِّي لَا يَخَافُ لَدَى الْمُرْسَلُونَ ﴿١٠﴾

*Nama dilii dalagee, eegasii towbatee ,wa-an hamtuu dalagu dhiisee,waan gaa rii dal-age malee isa irraan qeebala, irraan ja-aladha,

إِلَّا مَنْ ظَلَمَ ثُمَّ بَدَلْ حَسَنًا بَعْدَ سَوْءٍ

11} *An kan dilii namaaf araaramee, rahg-mata namaaf godhuu .

فَإِنِّي عَفُورٌ رَّحِيمٌ ﴿١١﴾

*Harka kee monnoo qamisa keetii keessa seensisi ,

وَأَدْخَلَ يَدَكَ فِي جَيْبِكَ

*Harka adii akka ji'aa, kan hanga'u tayeeti bayaa,

تَخْرُجُ بِيضًا

*Kan dhukkuba baras, kan harka nama addeessurraa, addeenyu sun hin dhufin ,

مِنْ غَيْرِ سَوْءٍ

*Mukgjizaan uleedhatiifii, tan harkaa, mukgjizaa sagalirra lama,

فِي تِسْعِ آيَاتٍ

*Tan firkgawnafii ummata isatti mul'iftu .tan akkan an isaanitti si erge, ragaa siif baatu, akka karaa haqatti isaan yaamtuf,

إِلَى فِرْعَوْنَ وَقَوْمِهِ

12} * Isaan warra kara' arraa bayee.

إِنَّهُمْ كَانُوا قَوْمًا فَاسِقِينَ ﴿١٢﴾

*Duuba hoggaa mukgjizaan teenya, harka nabi muusa'arratti isaanitti dhuftee argan mukgjizaa mul'attuu, haqa nama agarsiiftu , 13} *Wanni, muusan nu garsiise falfala je'aniin.

فَلَمَّا جَاءَتْهُمْ آيَاتُنَا مُبْصِرَةً

قَالُوا هَذَا سِحْرٌ مُّبِينٌ ﴿١٣﴾

*Mukgjizaa teenya san moraman,

وَجَحَدُوا بِهَا

* Akkanuma mukgjizaan sun rabbumarraayii hubatan,

وَأَسْتَيْقَنَتْهَا أَنفُسُهُمْ

*Roorruma {cubbuu} dalagu'uuf jecha qe-ebaluu didan

ظَلَمًا

*Haqqarraa if guddisu'uu jecha.nabi muusa'atti amanuu didanii, rabbirratti kafaran, kan rabbiin sanii je'ee balaa isaanitti buusee isaan fixe,

وَعُلُوًّا

14} *Mee laali booddee warra badii dalagee, lafarraa isaan fin'ee mitii? akkuma beytatti .

فَانظُرْ كَيْفَ كَانَ عَاقِبَةُ الْمُفْسِدِينَ ﴿١٤﴾

*Daawuudifii, ilma isaa sulaymaanif ke nninee jirra

وَلَقَدْ آتَيْنَا دَاوُدَ وَسُلَيْمَانَ

*Beekkomsa sharii'aadhaa, kan nama jiddu'uttiin firdii godhan, akkaan beekkomsa ba'ifneefii afaan shinbirro'oo kan biraa isaan barsiifnee,

عِلْمًا

*Wanni isaan je'en: galanni kan rabbi nu caalchiseeti ,

وَقَالَا الْحَمْدُ لِلَّهِ الَّذِي فَضَّلَنَا

15} *Gabrottan isaa mu'mintoota heddu'urra nabiyummaa nuu kennee, namaafii jinni'ii, sheyxaana nuu laaffisee.

عَلَى كَثِيرٍ مِّنْ عِبَادِهِ الْمُؤْمِنِينَ ﴿١٥﴾

*Suleymaan abbaa isaa daawuudirraa beekkomsaafii anbiyummaa dhaalee jira ilm-

وَوَرَّثَ سُلَيْمَانَ دَاوُدَ

aan daawuud khudha say lanirraa, namni
beekkomsaafii nabiyyumaa isarraa dhaale
ilma isaa suleymaan qofa,

*Nabi suleymaan akki je'e: yaa ilmaan
aadam rabbiin qooqa shinbirro'oo, yookaa
waan bararuu, nu barsiisee jira,

*Rabbiin waa kheyrii addunyaaa, aakhiraa

وَقَالَ يَا أَيُّهَا النَّاسُ عَلِمْنَا مَنْطِقَ الطَّيْرِ

وَأَوْتَيْنَا مِنْ كُلِّ شَيْءٍ

tayerraa, waan anbiya'aafii mootonni kennamu hunda nuu kenne je'e, wanni
akkana je'eef waan rabbiin isaa kenne dhoysuu dhabee mul'isu'uufi malee
isi'iin dhaaddatu'uufii miti ... qanani rabbi mul'isuun ni barbaadamaa ,

*Wanni nabi suleymaan kenname kun,

إِنَّ هَذَا

16} *Kenna guddoo mul'attuu, badhaasa
bal'aa .

هُوَ الْفَضْلُ الْمُبِينُ ﴿١٦﴾

*Rabbiin nabi suleymaanif ashkara biyya
hundarraa walitti qabe,

وَحِشْرَ سُلَيْمَانَ جُنُودَهُ

*Jinni'iifi, namaafii , waan bararurraa hog-

مِنَ الْجِنِّ وَالْإِنْسِ وَالطَّيْرِ

gaa inni deemu ashkara namaatu itti aana eegasii ashkara jinni'itu itti aana,
mataa isaa gubbaa ashkara waan bararuuti, kan yoo ow'a taate isaaf gaad-
diseesan heddommini ashkara isaa waa asii asii miti,

17} *Isaan hoggaa yaa'an wal hayyisa'aati
deeman akka nabi suleymaan dura hin da-
barreef, akkuma aadaa mooti'ii, takkaa dha-
abbatanii wal eeganii eegasii yaa'an.

فَهُمْ يُرْزَعُونَ ﴿١٧﴾

*Hanga odoo yaa'anuu laga mixiitti dhu-
fanitti layni mixi'ii kun biyya {xa a'if } ta-
kkaa shaamitti argama, mixiin sun xixi-
qqoo ,takkaa gurgurdo,

حَتَّىٰ إِذَا تَوَّأَ عَلَىٰ وَادِ النَّمْلِ

*Duuba mixiin tokko mixii laga sanirraa
akki jette: halaalaa suleymaanifii ashkara
isaa gartee,

قَالَتْ نَمْلَةٌ

*Yaa ilmaan mixi'ii mana keessan seenaa,

يَأْتِيهَا النَّمْلُ أَدْخُلُوا مَسْكِنَكُمْ

18} *Suleymaanifii ashkarri isaa ,isaanii
quban qabne isin hin fixinii yookaa isin hin
macarinii, nabi suleymaan bakka faga'urraa
isii akkas jettu dhagayee .

لَا يَحِطُّ بِكُمْ سُلَيْمَانُ وَجُنُودُهُ وَهُمْ لَا يَشْعُرُونَ ﴿١٨﴾

*Dhageenyan seeqe,

فَنَبِّئْهُمْ

*Khufle jecha mixi'ii kanarraa, duuba ashkara isaatitti lallabee dhaabe, hanga mixiin mana isi'ii seentu, gaafas ashkarri isaa lafa yaa'a qilleensarraa mitii,

صَاحِكًا مِّن قَوْلِهَا

*San booda akki je'e :

وَقَالَ

*Yaa rabbi na yaachisiisi, na dandeessisi

رَبِّ أَوْصَيْتِي

*Qananii teetirratti galta sii galchuu,

أَن أَشْكُرَ نِعْمَتَكَ

*Qananii tee, tan naafii, abbaa kiyyaan Qananiifte .

الَّتِي أَنْعَمْتَ عَلَيَّ وَعَلَىٰ وَالِدَيَّ

* Ammallee waan gaarii ati jaalattu dataguu na yaachisiisi, na qunnamsiisi,

وَأَن أَعْمَلَ صَالِحًا تَرْضَاهُ

19} *Yaa rabbi rahgmata keetin, warra tole anbiyootafii awliyoota keessa na seensisi, na guuttee, guutummaa naa ida'i jechu'u.

وَأَذِخْنِي بِرَحْمَتِكَ فِي عِبَادِكَ الصَّالِحِينَ ﴿١٩﴾

*Nabi suleymaan bishaanitti haajameeti

وَتَقَدَّ الظَّيْرُ

ashkara isaa kan shinbiro'oo lallaale , wanni inni tooyateef {hudhuda} yaa-mee, isiin bishaan dachii jalatti gartii bakka bishaan jiru shayaaxiina garsiisi haa qotanii, baasanii, isi'in jecha'aaf, haa tayuu ni dhabe,

*Duuba akki je'e: maalin tayeen {hudhuda} hin agarree?

فَقَالَ مَالِيَ لَا أَرَىٰ الْهُدَىٰ

20} *Takkaa wannin hin arginiif isaatu asin jirre je'e duuba {hudhudaan} asin jirtu hubannaan akki jete: waan inni iznii malee deemef ,

أَمْ كَانَ مِنَ الْغَايِبِينَ ﴿٢٠﴾

*Rabbiin khakhadhee azaaba hamaa jabaa-

لَأُعَذِّبَنَّهُ عَذَابًا شَدِيدًا

dhan , {hudhuda} azaaba, takkaa qixaaxa, rifeensa irraa rifee, foon di imaa baasee, tan bararuu hin dandenyee, tan bineensa ifirraa dhoowwuu hin dandeenye aduu keessatti darb a,

*Takkaa morman irraa darba

أَوْ لَا أَدْبَحْنَهُ

21} *Takkaa ragaa aylii seenuu, mul'ataa saba baa iznii malee deemefirratti haa dhaabuu, yookaa haa naa fidduu.

أَوْ لِيَأْتِيَنِي سُلْطَانٌ مُّبِينٌ ﴿٢١﴾

*Duuba { hudhudaan } eega waa xiqqoo za-

فَمَكَثَ غَيْرَ بَعِيدٍ

mana dheera hin tayin taa'ee dhufe, hangi inni ture zuhrifii asrii jiddu'u , tana jidduu barbaanni shinbirro'oo kamtu irra barara'aan faca'ee, hu dhudaa galaaf deemtu arganii, waan nabi suleymaan jete itti himanii, isaa suleymaan khabaju'uuf xiqqeenya isaa mul'isu mataa ol qabatee eege'eefii guflaa { kooluu } lafaan gaye fuula isaa dura dhaabbate, hoggus suleymaan mataa isa qabee ifitti buute aaran, bunnaan {hudhudaan} akki je'een: dhaabbatiinsa guyyaa boruu fuula rabbii dhaabbattu laalii na dhiisii jennaan, rifatee, dhiifama godheefii, maalif deemte je'ee, fagaatuu isarraa gaafate, gaafannaan,

* Akki je'een:

*Waan atin hin beekhinan beekhe, waan atin arginan argee,

*Biyya {sab'} je'arntu tan yaman bakka {ma'rab} je'amtu jirturraan , 22} *Oduu dhuga'aatin sii dhufe.

*Wannin achitti arge, ummata dhalaan itti mooti'ii

*Tan waan mootonni itti haajamu hunda qabdu, yookaa kennamte, 23} *Isiin sirree mootumma'aa tan akkaan bareeddu, tan ziqiyaafii, meetarraa tolfamtee , waan faaya taye hundaan faayamte qabdi.

*Isi' iifii ummata isi' ii kanneen

*Rabbii achitti yookaa rabbi dhiisanii, aduudhaf sujuudanan arge ,

*Sheyxaani dalagaa isaanii badduu itti bareechee,

*Karaa haqarraa isaan dhoowwe, ,

24} *Isaan hin qajeelan .

*Rabbiif sujuudu'utti hin qajeelan, .

*Rabbiin waan sami'iifii dachii keessatti dhukhate hunda beekhu, yookaa mul'isu,

*Rabbii waan gara'atti dhuyfattaniifii,

25} *Waan is in arrabaafii dalaga'aan mul'ifan hunda beekhuf, sujuuduu dhiiftanii

فَقَالَ

أَحَطْتُ بِمَا لَمْ تُحِطْ بِهِ

وَحِثُّكَ مِنْ سَبِيلِ

بَنِي إِيْقِينَ ﴿٢٢﴾

إِنِّي وَجَدْتُ أَمْرًا تَمَلِكُهُمْ

وَأُوتِيَتْ مِنْ كُلِّ شَيْءٍ

وَلَهَا عَرْشٌ عَظِيمٌ ﴿٢٣﴾

وَجَدْتُهَا وَقَوْمَهَا

يَسْجُدُونَ لِلشَّمْسِ مِنْ دُونِ اللَّهِ

وَزَيْنَ لَهُمُ الشَّيْطَانُ أَعْمَالَهُمْ

فَصَدَّهُمْ عَنِ السَّبِيلِ

فَهُمْ لَا يَهْتَدُونَ ﴿٢٤﴾

أَلَا يَسْجُدُوا لِلَّهِ

الَّذِي يُخْرِجُ الْحَبَّ فِي السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ

وَيَعْلَمُ مَا تُخْفُونَ

وَمَا تَعْلَمُونَ ﴿٢٥﴾

waan inni uume adu'uuf sujuuddan .

*Rabbiin kan isa malee rabbiin biraa hin jirre,

اللَّهُ لَا إِلَهَ إِلَّا هُوَ

26} *Rabbii arshii waan inni uume hunda keessa irra guddo'oo uumee qabu.

رَبُّ الْعَرْشِ الْعَظِيمِ ﴿٢٦﴾

*Nabi suleymaan dubbii hudhuda'aa dhageenyan wanni je'een :

قَالَ

27} *Ni laalla dhugaa nutti odeessite moo

سَنْظُرُ أَصْدَقْتَ أَمْ كُنْتَ مِنَ الْكَاذِبِينَ ﴿٢٧﴾

ati warra khijiburraayii ni hubanna, yookaa ni qoranna, yookaa ni khokhanna wanni waan nabi suleymaan je'erraa kanarraa beynu: namni dubbii ha rkaa qabu tokko, yon basaasa isarraa waa dhagaye, hanga hubatuu, waan san dala-ga'arraa oolchuu dhabuu ... duuba hudhudaan dubbii tana nabi suleymaanitti odeessiteeti bishaan garsiiftee, baafatanii, dhuganii, wadd a'atanii, salaatanii, eegasii xalayaa mootittii sanitti ergu, katabe, akki je'ee katabe : {xalaayaan tun gabricha rabbi suleymaanirraa mootitti saba' { balqiisatti} deemti: {bismillaahirrahgmaanirrahgiim} jalqabni ma qaa rabbi rahmata qabuutii, nageenyi nama haqa jala deemefi, eeganaa wannin isin iinje'u: mataa natti olin qabatina'aa, dubbii tiyya dhagaya'aa, isinii amane natti koottaa je'een} duuba miskii itti maxxansee hamartii isaatin dhayee, hudhuda'atti kennee, akki je'een,

*Xalayaa tiyya tana fuudhii, mootittii san-iifii warra isi'iin wajji jirutti geessi takkaa darbi ,

أَذْهَبَ بِكَتَبِي هَذَا فَأَلْقَاهُ إِلَيْهِمْ

*Eega itti kennitee irraa deebi'ii, itti dhi-yaadhu dhaabbadhu ,

ثُمَّ تَوَلَّى عَنْهُمْ

28} * Waan isaan naa dee bisan caqasi,

فَأَنْظُرْ مَاذَا يَرْجِعُونَ ﴿٢٨﴾

duuba{ hudhudaan} xalayaa nabi suleymaan fuudheti mootittii ashkarri naa-nnoo isi'ii guutee teessutti dhaqee, huccuu isi'irratti xalayaa isaa darbe, hoggaa darbu mootittiin ni rifatte sodaa keessa, eegasii xalayaa dubbiftee waan isa keessa jiru beytee

*Duuba hayyuuta ummata isi'iitin, akki jette:

قَالَتْ

*Yaa isin warra malaa kabajamoota,

يَا أَيُّهَا الْمَلَأُو

29} * An kitaabni ajaa'iba natti ergamee, takkaa darbame

إِنِّي أُلْقِي إِلَيْكَ كِتَابًا كَرِيمًا ﴿٢٩﴾

*Inni sulaymaanirraa natti ergame,

إِنَّهُ مِنْ سُلَيْمَانَ

30} *Wanni isa keessaa: { bismillaahirrahgmaaniirrahgiim} {maqaa rabbi rahg mata gudda'aa xiqqaa qabuunin jalqabaa} .

وَإِنَّهُ بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ ﴿٣٠﴾

*Mataa natti ol hin qabatina'aa,

أَلَّا تَعْلُوا عَلَيَّ

31} *Harka kenna'aa, isinii islaamaa natti koottaa, je'aa.

وَأَتُونِي مُسْلِمِينَ ﴿٣١﴾

*Isin yaa warra malaa mee mala as kennaa ,mala naa dhawaa,

قَالَتْ يَا أَيُّهَا الْمَلَأُوْا أَفْتُونِي

*Waan an dalaguun barbaadamu keessatti,

فِي أَمْرِي

32} * An waa takka hin muru yoo Ism dhuftanii mala baaftan malee, warri malaa kan isiin godhatte nama dhibba sadiyiifii kudha lama, hundi isaanii, nama kum kudhan, kudhan if jalaa qaban.

مَا كُنْتُ قَاطِعَةً أَمْرًا حَتَّى تَشْهَدُونِ ﴿٣٢﴾

* Jennaanin wanni je'aniin nuti warra humna qabu kan lolatti jaba'atii, waan ati feete dalaynaa,

قَالُوا نَحْنُ أَوْلُوْا قُوَّةً وَأُولُوْا بِأَيْسَ شَدِيدٍ

*Dubbii sitti irkifnee,

وَأَلْمَزْتُ إِلَيْكَ

33} *Waan itti nu ajajju laali , ni dhageenyaa, dalaga'arra oolchinaa.

فَأَنْظِرِي مَاذَا تَأْمُرِينَ ﴿٣٣﴾

* Jennaanin akki jetteen: mootommi aadan isaanii, yoo biyya takka humnaan qabatani, seenan,

قَالَتْ إِنَّ الْمُلُوكَ إِذَا دَخَلُوا قَرْيَةً

*Balleessaniiti,

أَفْسَدُوهَا

*Hayyoota biyya sanii guddaa isaanii xiqqeessanii, ulfaataa isaanii saphlisan, ajjeesu'uufii, boojiyu'uufii biyyaa baasu'uun, takkaa ari'uudhan, aadan moototaa akkasii,

وَجَعَلُوا أَعْرَاجَ أَهْلِهَا آذِلَّةً

34} * Warri kitaaba nutti erges akkas dalaganii.

وَكَذَلِكَ يَفْعَلُونَ ﴿٣٤﴾

* An gumaatan isaanii ergaa,

وَإِنِّي مُرْسِلَةٌ إِلَيْهِمْ بِهَدِيَّةٍ

35} *Duuba waan ergaan Teenya debituu-

فَسَاطِرَةٌ يُرْمَى بِهَا الرُّسُلُونَ ﴿٣٥﴾

uunan laala waan nuti ergineef irraa qeebammoo nutti deebisan ,yoo waan nuti ergineef qeebaluu didanii nutti deebisan inni nabiyyii tayuu beynee itti amanneetijala deemna, yoomoo waan nuti ergineef qeebalee fudhate inni mootii tayuu beynee,ni lolleen jettee,khaadimoota kum tokko, kan dhibba shan dhiiraa, dhibba shan dhala'aa, ammallee mura'a zi qiyaa tan hanga dhagaa maanaan jaaranii, dhibba shan, ammallee khalo oytaa faaya akka biraatin dhawamte, tan mootin uffatu, ammallee miskii kgan bara, nama kitaaba isi'ii, suleymaanii geessun wajji suleymaanif ergite.ammoo hudhudaan kan kitaaba suleymaan isi'itti geesse, hoggaa waan isiin dalayde argee dhagayu ... ciya'aa dhuf-eeti waan san nabi suleymaanitti odeesse, waan isiin ergu'uu deemtu mara

*Duuba namni mootittiin sun ergiteefii,
wanni isiin suleymaanii ergite sun hoggaa
suleymaan bira gayu,

فَلَمَّا جَاءَ سُلَيْمَانُ

*Nabi suleymaan akki je'een,

قَالَ

*Si horii naa fiddanii? naa kennitanii?

أَتَمِدُّونَ بِيَمَالٍ

*Waan rabbiin naa kenneetu, waan inni isinii kennerra caala, rabbiin mootumma'afii,nabiyyummaa naa kennee, isiniif addunya qofa kennee,

فَمَا آتَيْنَا إِلَهُ خَيْرٌ مِّمَّا آتَيْتَكُمْ

36} *Isiin waan biraatii mitii, waan naa ergitaniin gammaddan, addunya'aan gammaduu malee waan biraatin hin gammadanii.

بَلْ أَنْتُمْ بَهْدِيكُمْ نَفَّرَحُونَ ﴿٣٦﴾

*Mootittii teessaniifii warra isi'iin wajji jirutti deebi'i, waan nuu ergiteen wajji nutin qeeballuu ,

أَرْجِعِ إِلَيْهِمْ

* Jeyshii yookaa ashkara gudda'aan isinitti Duullaa

فَلَنَأْيِبُنَّهُمْ يَجُودُونَ

* Ashkara isaan humna ittin qabne.

لَا قِبَلَ لَهُمْ بِهَا

*Biyya isaanii {saba'arraa} isaan baafua ,{saba'} maqaa abbaa go sa isaaniti maqaa isaatin bitti isaanii yaamamte

وَلَنُخْرِجَنَّهُمْ مِنْهَا

37} *Yoo islaamayanii natti Dhufuu baatan

أَذِلَّةٌ لَهُمْ وَهُمْ صَاعِرُونَ ﴿٣٧﴾

baatan isaan xiqqeessineeti biyyarraa isaan baafua duuba hoggaa ergama an isi'ii, waan isiin ergiteen wajji dhaamsa suleymaanin wajji itti deebisu, siree isi'ii tan qal'aa isi'ii keessatti hulaan torba itti hidhamte, kan qal'aan isi'ii sunuu, eega qal'aa torba dabranii, itti dhufan keessatti, tiysitee itti gootte, bakka suleymaan jiru dhaqu'uuf qophooytee, ashkara kuma kudha lamaan wajji suleym-

aan ziyaaru'uu baate hanga itti dhiyootetti, hoggaa san nabi suleymaan be-
ekhee.

*Wanni je'ee yaa warra malaa,

قَالَ رَبِّهَا الْمَلَأُ

*Eenyutu isinirraa siree isi'ii san naa fida,

أَيْكُمْ يَا بَنِي بَعْرَشَهَا

38} *Odoo islaamayanii nattin dhufne siren

قَبْلَ أَنْ يَأْتُونِي مُسْلِمِينَ ﴿٣٨﴾

biyya {saba'} yaman jirtii, suleymaan shaam beytalmaqdis j iraa isaan jidd-
uun amna baatii lamaati, wanni odoo islaamayanii natti hin dhuf~ ne je'eef,
eega islaamayanii horii isaanii fudhatuu hin qaban jecha'aafi.

*Jennaan jinnichi jabaan, akkaan humna
qabu tokko akki je'e:

قَالَ عَفْرَيْتُ مِنَ الْجِنَّ

* Anaatu odoo ati bakka teessee firdii go-
otuu, dalagaa fixee hin kaane sii fidaa je'e,
akkana jechuun saa'aa ganamaa qabee ha-
nga zguhri'itti jechu', sun hanga saa'aa jah-
aatii,

أَنَا أَيْكَ بِهِ قَبْلَ أَنْ تَقُومَ مِنْ مَقَامِكَ

39} *An siree san hangasitti Fiduu nan da-

وَابِي عَلَيْهِ لَقَوِيَّ أَمِينٌ ﴿٣٩﴾

ndayaa, amanama'aa, waan siree san keessa jiru hin balleessu jennaan Nabi
Suleymaan akki jeeen { bilqiisa} dhufu'uuf .saa'aa takkaa nusaatu , yookaa
saa'aa takkaa cinaaatu hafee, ati saaaa jaha boodajettaa tanaaf jecha namni
sanirra saffisee , naa fidu eenyu jeeen .

*Jennaan namichi beekkomsa kitaaba tow-
raat if biraa qabu,kan { aasif } ilma{ bar-
khiyaa } jearnu, kan maqaa Rabbii kan yoo
isaan, isa kadhatan namaa qeebalu beekhu
.akki jee :

قَالَ الَّذِي عِنْدَهُ عِلْمٌ مِنَ الْكِتَابِ

*Anaatu, sii fida hanga ijji tee hoggaa waa

أَنَا أَيْكَ بِهِ قَبْلَ أَنْ يَرُدَّ إِلَيْكَ طَرْفُكَ

laalte waan sanirraan deebine,takkaa hin libsanne, takkattin fida duuba samii
ollaali jeenii , hoggaa nabi Sulaymaan ollaalee ija isiirraa gad deeffatuifuma
duratti arge. { aasif} hanga nabi Suleymaan samii ol laale san maqaa gudd-
a'aan Rabbi khadhate yoo Rabbi dafii naa fide jee . duuba Rabbiin siree da-chii
jala oofee fideeti kursii suleymaan duraan baase.wanni odeeffame ma-qaan
Rabbii gudda'aa , kan inni khadhateen { yaa zhaljaali wal , ikraam} jechu

*Nabi Suleymaan hoggaa sireen dhuftee
isa dura dhaabbattu akkuma waan duruma
achi turtee,

فَلَمَّا رَأَاهُ مُسْتَقِرًّا عِنْدَهُ

*Wanni je'e { arshii } yookaa siree isi'ii naa fiduun kun

قَالَ هَذَا

*Badhaasa Rabbii kiyyaati , kennaa isaali.

مِنْ فَضْلِ رَبِّي

*Na mokkoru'uu jecha ,

لِيَبْلُوَنِي

*Galatan isaaf galchamoo .

أَشْكُرُ

*Qananii isaa moromeetan , galata isaaf galchuu dhiisee isatti kafaraa , laaluuufi

أَمْ أَكْفُرُ

*Namni galata isaaf galche itti amanu'uun isaatu naa kennee beekhu'uun waan itti isa ajaje dalagu'uun .

وَمِنْ شُكْرِ

*Lubbuma isaatif galata galche waan sawaaba galata galchuu sanii argatuuf waan qananii argaterratti Rabbiif galata galchu'uun qananii biraa da'atuuf

فَإِنَّمَا يَشْكُرُ لِنَفْسِهِ

*Ammoo namni,qananii Rabbiin isaaf kenne ,morome, ifumatti balleesse.

وَمَنْ كَفَرَ

*Rabbiin galata isarraa dureessaa.

فَإِنَّ رَبِّيَ عَزِيزٌ

40} *Rabbiin arja'aa,kan nama galata isaan galchineef waa kennu.duuba nabi suleymaan,rabbiin waa xiqqoo keessatti, siree motumma'aa bakka foggoo sanii fidee, dura dhaabnan, rabbiif galla galchee .

كَرِيمٌ

*Wanni ashkara isaatin je'e: {siree} isi'ii tana j irj i iraa akka isiin hoggaa garte, kan isi'ii tayuu hin beyne godhaa

قَالَ نَكِرُوا لَهُا عَرَشَهَا

*Ni laalla akka kan isi'ii taye qajeelteti beytirnoo?

نَنْظُرُ أَنهَدِي

41} *Warra qajeellee hin beyne taati? wanni

أَمْ تَكُونُونَ مِنَ الَّذِينَ لَا يَهْتَدُونَ ﴿٤١﴾

akkas godheef, aylii isi'ii laalu'uufi, maalif jinni'iitu,ayliin isiidhaa ir'uudhaa, ammallee miilli isiidhaa akka miila harre'eetii, miilli isi'ii rifeensa qaba je'een, duuba kana hunda hubatu'uuf,nabi suleymaan tattaafata godhe,ammoo isaan wanni itti himaniif akkan fuunefi.

*Duuba mootittiin hoggaa dhuftu, aylii isi'ii laaluujecha,

فَلَمَّا جَاءَتْ

*Sireen tee ta akkanaatii isi'iin je'me

قِيلَ أَهَكَذَا عَرَشُكَ

*Jennaanin akkanurna akka isaati jette be-

قَالَتْ كَأَنَّهُ هُوَ

yteti isaanitti fakkeessite,akkuma isaanuu isi'itti fakkeessan. maalif? Isaan hoggaa isii gaafatan, kun siree teetii hin jennee, sireen tee akka si ree kanaatii je'an, silaa odoo isaan siree teetii je'aniinii, eeyee jetti, duuba nabi suleyrmaan, beekkomsaafii , aylii qabatuu isi'ii garraan waan rabbiin isaa isaan qananiise himu'uu jecha, akki je'e,

*Odoo isiin waan san beekhuu hin argatin dura, rabbiin beekkomsa towghiidaa nuu ken nee jira

وَأَوْتَيْنَا الْعِلْمَ مِنْ قَبْلِهَا

42} *Nutu odoo isiin hin amanin amanee beekkomsaafii, islaarnma'allee nuu tiisii dura Rabbirraa argate

وَكُنَّا مُسْلِمِينَ

*Ibaadaa rabbirraa, itti amanu'urraa, isii dhoowwee jira,

وَصَدَّهَا

*Wanni iirnaanarraa isii dhoowwe waan rabbii achitti ibaaddu turte,sun {aduu dhaa}

مَا كَانَتْ تَعْبُدُ مِنْ دُونِ اللَّهِ

43} *Isiin ummata rabbitti kafarerraayi turte warra aduu ibaadu .

إِنَّمَا كَانَتْ مِنْ قَوْمٍ كَافِرِينَ

*Ammas wanni isi'in jeame ,waan jinniin

قِيلَ لَهَا ادْخُلِي الصَّرْحَ

jettu laalu'uu jecha, qal'aa, yookaa {galma} guddaa seeni je'anii dirree manasanii kheessa bishaan yaasanii qurxummii keessatti guuranii, bahara fakk-eessanii, isa gubbaa birillee akkaan bishaan keessan mul'atu furdoo afan, kan akkasuma bineensi bishaanii, kan akka raachaa keessa jiru ,

*Duuba mootittiin, hoggaa seenu'uu kaatee bishaan san gartu,

فَلَمَّا رَأَتْهُ

*Wanni seete,tuujii bishaanii tan waa takka gubbaa hinjirre,

حَسِبَتْهُ لُجَّةً

*Duuba sarbaa isi'irraa lamaanirraa huccuu ol qabatte bishaan seenu'uuf.nabi suleyrmaan achi taa'aa ¹akka miilli isi'ii miila harre'ee hin fakkaanne argee ijarna qabatee,

وَكَشَفَتْ عَنْ سَاقَيْهَا

*Wanni je'een ,

قَالَ

*Inni kun qal'aa birille'een Jaaramee . calalaqaa godhamee, bishaanii mitii huecuu gad deeffadhu je'eenii, islaamatii isii yaa-mee qeebaltee,

إِنَّهُ صَرَخٌ مُمَرَّدٍ مِنْ فَوَارِيرٍ

¹ Isiin bishaan san keessa dabartee isarratti salaammatu`uu deemtii

*Yaa rabbi an waan sin tayin gabbaruudhan lubbuu tiyya miidhee, amma irraa deebi'ee,

44} *Suleymaanin wajji Rabbii gudda'atti

قَالَتْ رَبِّ إِنِّي ظَلَمْتُ نَفْسِي

وَأَسْلَمْتُ مَعَ سُلَيْمَانَ لِلَّهِ رَبِّ الْعَالَمِينَ ﴿٤٤﴾

amanee jala deeme, rabbii waa hunda uumef gad je'ee, waan isan tayin hundatti kafare jette, nabi suleymaan isii fuudhuu fedheeti, rifeensa miila isi'iitif jibbe, haa tayuujinniin nooraa tolchiteefii saniin ifirraa deemsiflee ,fuudhee mootummaa isi'ii keessatti lakkisee,baatii hunda keessaa, hoggaa takka dhaqee ziyaaree guyyaa sadii bira tura, duuba mootummaan isi'ii, mootummaan suleymaan dhumu'uun . wajji dhumte, nabi suleymaan isaa umriin isaa barn khudha sadiyiiti mooyee isaa umriin isaa shantamii sadiyiiti du'e, ammoo { bilqiisa intala sharahgbiil} abaabun isiidhaa {yakgrub ilma qahgxaanitti} deebiti {ya kgrub} nama iramirraa afaan bare, inni nama afaan arabaa jalqabee dubbatee cega qaaydaa dubbi'ii iramirraa baree, mootumaa isaanii alaa dhu fee qabatee, irra hedduun arabaa isatti deebi'a ... abbaan {bilqiisa} mootii guddaa ilmaan mootii taye afurtamaatu isaaf dhalate tan irraa boodaa {bilqiisa} akkaje'anitti haati isi'iijinni' .

*Ummata {thamuud} je'amutti, obboleessa isaanii {sgaalihg} ergineejiirra,

* Akka rabbii tokkicha ibaadu'utti isaan yaamuf,

45} *Duuba diinitti isaan yaamnan umm-

وَلَقَدْ أَرْسَلْنَا إِلَىٰ ثَمُودَ أَخَاهُمْ صَالِحًا

أَنِ اعْبُدُوا اللَّهَ

فَإِذَا هُمْ فَرِيقَانِ يَخْتَصِمُونَ ﴿٤٥﴾

anni sun tuuta lama tan wal moromtutti addaan bayan, tuutti takka tan hogguma dura {sgaalihg} iimaanatti isaan yaame qeebaltee amante, tuu tti tuuntan amanuu didde kafarte, tuutti lamaan diin keessatti wal moromti.

*Duuba nabi {sgaalihg} warra kafareen

Akk ije'e:

*Yaa ummata kiyya, maalifwaan hamtuu

قَالَ

يَقَوْمِ لِمَ تَسْتَعْجِلُونَ بِالسَّيِّئَةِ قَبْلَ الْحَسَنَةِ

barbaaddan waan gaarii dura, maalif azaaba barbaaddan rahgmata dura? Wannii akkana je'eef, isaantu yoo diin ati dhufteen haqa taye azaaba nutti fidi je'anniin, hoggaa san yaa ummata kiyya bakka amantanii, rahgmata argattan diddanii kafartanii azaaba barbaaddanii ?

*Odo kufri'irraa deebitanii araara rabbirraa barbaaddanii? amana'aa rabbii na ergee dhugo'oomsaa,

46} * Akka rahgmata isaa argattan, akkan qixaaxamne.

لَوْلَا تَسْتَغْفِرُونَ اللَّهَ

لَعَلَّكُمْ تُرْحَمُونَ ﴿٤٦﴾

* Jenaanin wanni je'aniin nuti yaa {sgaalihg} siitu nutti farrise yookaa faana hammaate nuti si hooddanna,

قَالُوا أَطَيْرَنَا بِكَ

*Ammallee warra si wajji jiru, kan mu'minaati hoodanne, isinii jecha roobni nurraa citi, isintu faana nutti hamaatee, abaar nutti bu'e je'an ,

وَبِمَنْ مَعَكَ

* Jennaanin nabi { sgaalihg } wanni isaanin jete: wanni isaan irraa dheesitan, yookaa hoodattan rabbii bira jirtii, isaatu isinitti fidaa,

قَالَ طَائِرِكُمْ عِنْدَ اللَّهِ

47} *Isin warra mokkoramu , warra rab bin sharrii yookaa waan hamtuu itti buusee, akka gorfaman laalu, warra rab biin hoggiin waan gaarii kenneefii, akka galata isaa galchan laalu .

بَلْ أَنْتُمْ قَوْمٌ تُفْتَنُونَ ﴿٤٧﴾

*Gaafas mandara {sgaalihg} keessa, nama sagaltu jiraatuu ture,

وَكَانَ فِي الْمَدِينَةِ تِسْعَةُ رَهْطٍ

*Isaan warra dilii dalagee lafa balleessu,

يُفْسِدُونَ فِي الْأَرْضِ

48} *Isaan waa balleessuu malee waan tolchan .

وَلَا يُصْلِحُونَ ﴿٤٨﴾

* Jarri saylan sun, wanni waliin je'e:

قَالُوا

*Rabbiin khakhadhaa harka wal dhawadhaa,

تَقَاسَمُوا بِاللَّهِ

*Sgaalihgiifii, aalii isaa warra isatti amane ,halkan ajjeefnee,

لِنَبِيَّتِنَا وَأَهْلِهَا

*Eega ajjeefnee warra dhiiga isaa barbaadun akki jennu,

ثُمَّ لَنَقُولَنَّ لَوْ لِيَهْبَسُوا

*Bakka nama isaa itti ajjeessan, hin dhufnee nama ajjeese hin beynu ,

مَا شَهِدْنَا مَا هَلَكَ أَهْلُهُ

49} *Nutti dhugaa dubbannaa jenneeti isaanii khakhanna je'anii habalee guuratani halkan mana {sgaalihg} dhaqan haatayuu ma-laaykan dhaga'aan isaan tumteeti isaan fixxe

وَإِنَّا لَصَادِقُونَ ﴿٤٩﴾

* Jarri sun hamtuu sgaalihgitti yaadee

وَمَكْرُؤًا مَكَرًا

*Nus akka hamtuu isaanii sgaalihgirraa itti deebifnu mala dhooynee,
50} * Isaanii ifirraa quban qabne malaa-
ykaa itti erginee isaan fin'ee .

وَمَكَرْنَا مَكْرًا

وَهُمْ لَا يَشْعُرُونَ ﴿٥٠﴾

*Mee malli hamaan isaan dhawan booddee akkam isaanitti taye,
51} *N uti orma saylaniifii ummata isaanii hunda fin'ejibriili itti iyjee, kaan malaa-
ykan dhaga'aan darbattee .

فَانظُرْ كَيْفَ كَانَتْ عَاقِبَةُ مَكْرِهِمْ

أَنَّا دَمَّرْنَا لَهُمْ وَقَوْمَهُمْ أَجْمَعِينَ ﴿٥١﴾

*Kunoo manneen isaanii qullqquu dhaab-bata, bakka diyaar {sgaalihg} je'aniinitti manneen isaan dhagaa keessatti, dhagaa qor-
anii jaaratan akkasumatti araddaan isaanii dhaabbatti eega isa an irraa dhumanii.

فَتِلْكَ بُيُوتُهُمْ خَاوِيَةً

*Wanni isaan akkasitti dhumaniif sababaa kufrii isaanitiifii . sababaa nabi saalih kijib-
siisanii if miidhaniif.

بِمَا ظَلَمُوا

*Waan dubbanne san keessa gorsaatu jira.

إِنَّ فِي ذَلِكَ لَآيَةً

52} * Warra dandeyti i teenya beekhuf ,
Dhugo`oomsuf

لِقَوْمٍ يَعْلَمُونَ ﴿٥٢﴾

53} * Ammoo warra amanee Rabbi soda-
atu balaa ummata saalihitti buute jalaa na-
gaya baafne saalihiifii, warra isatti amane
kan kuma afur gayan .

وَأَنبِئْنَا الَّذِينَ ءَامَنُوا وَأَكْفَأُوا بِنُفُورِكَ ﴿٥٣﴾

*Qissaa luux tan gaafa inni ummata isaatin
je`ee dubbadhu . wanni itti ergamnaa isa-
anin jee.

وَلَوْ طَآءَ إِذْ قَالَ لِقَوْمِهِ

*Si dilii fokkattuu tana dalaydani .

أَتَأْتُونَ الْفَلْحِشَةَ

54} *Fuula walii duratti odoo gartanuu
odoo gariin keessan garii keessan arguu
walitti dalaydani ? odoo dalagaa tun fok-
kattu'uu beytanuu ?

وَأَنْتُمْ تُبْصِرُونَ ﴿٥٤﴾

*Si isin fidhii teessan dhiiratti baafattanii
dhalaa dhiiftanii dhalaa Rabbiin shahwaa
yookaa fedhii itti baafatu'uuf ,yookaa wajji
rafu'uuf isinii uume dhiiftanii

أَيُّكُمْ لَتَأْتُونَ الرِّجَالَ شَهْوَةً مِنْ دُونِ النِّسَاءِ

55} * Isin balaa dalagaa tanaa jettee isinitti buutu hin beytan silaa odoo beytanii hin dalaydanii .

بَلْ أَنْتُمْ قَوْمٌ يَّجْهَلُونَ ﴿٥٥﴾

*Duuba ummanni {luux} waan biraa hin jennu ,

﴿٥٥﴾ فَمَا كَانُوا جَوَابَ قَوْمِهِ

*Luuxifii warra isaa {intala isaa lamaa nifii jaartii isaa {mu'minaa } ganda keessan keessaa baasaa jechuu malee waan biraa hin jinne,

إِلَّا أَنْ كَالُوا أَخْرَجُوا آلَ لُوطٍ مِنْ قَرْيَتِكُمْ

56} *Luuxifii warri isaa warra {hudduu dhiirarraa qulqullaayuu warra hudduu isaanii dhiiraf hin kenninee}

إِنَّهُمْ أَنْاسٌ يَنْطَهَرُونَ ﴿٥٦﴾

*Duuba luuxifii warra isaa kana mane balaa jalaa nagaya baafne .

فَأَنْجَيْنَاهُ وَأَهْلَهُ

* Jaartii isaa tan kaafiraa malee,

إِلَّا أُمَّرَأَتَهُ

57} *Isii warra balaa keessatti hafuurraa goone, warra ganda san keessa jiru kan jibriil dachii garaan galcherraa tayuu isi'ii darsine,

﴿٥٧﴾ فَذَرْنَاهُمْ مِنَ الْغَابِرِينَ

*Warra isaanirraa diidajiru , hoggaa inni galu dhagaa itti roobsinee fin'e

وَأَمْطَرْنَا عَلَيْهِمْ مَطَرًا

58} *Yaa hammeenya rooba, warra dinni-inni isaanii godhamee gorfamuu didee, sun rooba dhaga'aatii .

﴿٥٨﴾ فَسَاءَ مَطَرُ الْمُنْذَرِينَ

*Warri bade, badee, kuffaarri badee, mu'minni balaa jalaa nagaya bayuu kanarratti rabbiif galata galchi ,

قُلِ الْحَمْدُ لِلَّهِ

*Nageenyi addunaya'aa aakhiraaa kan wa-

وَسَلِّمْ عَلَىٰ عِبَادِهِ الَّذِينَ أَصْطَفَىٰ

rra rabbiin marxateeti, warra rabbiin filate, kan warra jannatarraa tayuu isaan katabe, anbiyaa, asaaba nabiiti, mu'min hunda, warra tole kan salaata keessatti {assalaamu kgalaynaa wa kgalaa kgibaadillaahisgaa Ihgiin} jennu,

*Si rabbiitu warra isa ibaadu fayyadamoo?

عَالَىٰ خَيْرٍ

59} * Dhagaa yookaa taabota isaan rabbitti qindcessantu, warra isa ibaadu fayyada? rabbi jechuu.

﴿٥٩﴾ أَمْ أَيْشِرُ كُؤُوك

*Si nama sami'ii dachii uume ,

أَمَّنْ خَلَقَ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضَ

*Kan sami'irraa bishaan isinii buusee,

وَأَنْزَلَ لَكُمْ مِنَ السَّمَاءِ مَاءً

*Bishaan saniin masnoo magarsine,
masnoo barcedduu,

فَأَنْبَتْنَا بِهِ حَبَائِقَ ذَاتَ بَهْجَةٍ

*Tan isin muka isi'ii magarfatuu hin
dandecnye

مَا كَانَتْ لَكُمْ أَنْ تَنْبِتُوا شَجَرَهَا

*Ouuba rabbi waan san dalageen wajji rabbiin biraa, kan isa gargaare jiraa? hin jiru jechu', kophuma isaati waan san hunda uumee,

أَلَيْسَ اللَّهُ مَعَهُ

60} *Haa tayuu isaan warra kara'arraa Baye ,rabbi dhiisanii waan biraa gabberu`uun waanuma inni uume , isatti qixeessu`uun .

بَلْ هُمْ قَوْمٌ يَعِدُونَ ﴿٦٠﴾

*Si nama dachii akka warra isi`irra jiruun hin sossoone godhee , uumemoo

أَمَّنْ جَعَلَ الْأَرْضَ قَرَارًا

*Kan lagootii dachii keessa yaase .

وَجَعَلَ خِلَالَهَا أَنْهَارًا

*Kan gaarotii gurguddoo dachii sossoo`uu dhoowwitu dachii keessa dhaabee gad jabeesse .

وَجَعَلَ لَهَا رَوَاسِيًا

*Kan bahara lamaan jidduu gidoo walitti

وَجَعَلَ بَيْنَ الْبَحْرَيْنِ حَاجِزًا

wakamuu dhoowwitu godhe baharri lamaan,tokko lagootii bishaan mi`aayaa qabdu , tokko baharuma bishaan isaan soogiddaa kana , wanni girdoo taye , walitti yaa`uu isaan lamaan dhoowwe dachii isaan lamaan jidduu jirtu .

*Duuba rabbiin biraa, rabbi waan san dalageen wajji nijiraa? hinjiruujechu,

أَلَيْسَ اللَّهُ مَعَهُ

61} *Haa tayuu irra hedduun isaanii, tokkummaa rabbi hin bee khan _

بَلْ أَكْثَرُهُمْ لَا يَعْلَمُونَ ﴿٦١﴾

*Eenyu namni, nama akkaan rakkatee, yaarnmatee, owwaatefii dhagayeefii,

أَمَّنْ يُجِيبُ الْمُضْطَرَّ إِذَا دَعَاهُ

*Rakkoo isaa san ,irraa deemsisee, isa furu ? waaqa takkicha jechu',tanaaf jecha namni rakkate du'aa'ii heddommeysun barbaadama ,

وَيَكْشِفُ السُّوءَ

*Eenyu namni hoggaa ummanni tokko dabre, umnata biraa fidee akkasitti bakka warra dabree isin buusee khaliifaa walii, lafa tanarratti is in godhu? rabbi tokkichaa

وَيَجْعَلُكُمْ خُلَفَاءَ الْأَرْضِ

mitii?

*Duuba rabbii tokkichaan wajji rabbiin biraa jiraa? hinjirujechu,
62} *Haa tayuu gorfamuun keessan waa xiqqo

أَأَلِهَ مَعَ اللَّهِ

قَلِيلًا مَّا تَذَكَّرُونَ ﴿٦٢﴾

*Eenyu namni hogгаа isin dukkana lafaa keessa deemtan, karaa isin qajeelchu
*Takkaa hogгаа dukkana bahara keessa

أَمْ نَهْدِيكُمْ فِي ظُلْمَتٍ أَلْبَرٍ

وَالْبَحْرِ

yaatan, eenyutu isin qajeelcha eenyutu gara itti deemtan isin beysisa? Halkan yoo taate, urji'iin, guyyaa yoo taate waan akka gaaraa waan akka akeekkaa biraatin namni waan san uumee is in qajeelchu rabbi tokkicha jechu' ,

*Eenyu namni qilleensa ergu

وَمَنْ يُرْسِلِ الرِّيحَ

*Kan rooba dura deemee, roobni dhufu'uun nama gammachiisu? inni rabbii tokkicha jechu' ,

بَشْرًا بَيْنَ يَدَيْ رَحْمَتِهِ

*Si rabbii tokkicha malee, rabbiin biraa isaan wajji ni jiraa? hin jirujechu'u ,

أَأَلِهَ مَعَ اللَّهِ

63} *Rabbiin waan kuffaari itti qindeessurraa qulqullaaye .

تَعَلَى اللَّهِ عَمَّا يُشْرِكُونَ ﴿٦٣﴾

*Eenyu namni uumaa namaa gadaamessa keessatti jalqabu, bishaan dhiiraa dhalaa'arraa?

أَمْ يَدُّؤُا الْخَلْقَ

*Kan eega du'ee jiraachisee qabrii kaasu

ثُمَّ يَعِيدُهُ

odoo ormi kuffaaraa ni kaafamnaa yaadullee baatee, haa tayuu waan ragaan, rabbi in duraan nama uume, eega namni du'ee jiraachisuu dandayu'uu dhaabbateef jecha, akkuma, waan kaafamuu yaadanii kuffaara makkaa godheeti isaan dubbise .. duuba namni kaasuu sun rabbii, duuba rabbi tokkicha moo asnaamatu irra caala ?

*Eenyu namni sami'irraa rooba isinii buusee isin razaqu?

وَمَنْ يَرْزُقُكُمْ مِنَ السَّمَاءِ

*Eenyu namni dachi'irraa waa isinii magarsce isin razaqu, inni rabbii tokkicha .

وَالْأَرْضِ

*Si rabbii tokkicha malee, namni waan dubbanne san dalagu ni jiraa? hin jiru jechu

أَوَلِهَ مَعَ اللَّهِ

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad yoo ormi kufTaaraa kan rabbii biraatu na waan san dalage je'anii kan siin falman tayan, mee ragaa fidaa waan jettanir ratti,

قُلْ هَكَأُوأُتْرَهَنُكُمْ

64} *Yoo kan dhugaa dubbattan taatan ji'i-in ormi kuff aaraa waytii qiyaaman dhaabbaturraa nabi muhammad gaafate, duuba rabbiin nabi muhammadiin akki je'e

إِنْ كُنْتُمْ صَادِقِينَ ﴿٦٤﴾

*Wanni isaanin jettu namni sami'iifii dachii keessa jiru namaafii malaayka'arraa waan isaanirraa fago'oo hin beekkan. waan dhu-faa taa'u, gaafa qiyaaman dhuftu, namni be-ekhu hin jiru,

قُلْ لَا يَعْلَمُ مَنْ فِي السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ الْغَيْبَ

*Rabbii tokkicha malee,

إِلَّا اللَّهُ

*Kuffaarri makkaa hin beekhu, akkuma namni biraa hin beyne,

وَمَا يَشْعُرُونَ

65} *Gaafa jiraachifamanii qabri'ii kaa-faman

آيَاتِنَا يَبْعَثُونَ ﴿٦٥﴾

*Si beekkomsa isaanii guddateetuma wal

بَلْ أَدْرَكَ عَلَيْهِمْ فِي الْآخِرَةِ

dhaqqabee, aakhira'aafii, haala isi'ii gayee, gaafa qiyaaman dhaabb atturraa gaafatanii? Beekkomsa isaanii achin geenyee, inuu qiyaama'atti hin amannee, gaafa isiin dhuftu gaafatuun isaanii, moroma'aafi malee, waan biraatifii miti ,

*Isaan aakhiraan, takkaa qiyaaman ni dhu-ftii hin dhugo'oomsanii ni shakkan ,

بَلْ هُمْ فِي شَكٍّ مِّنْهَا

66} *Isaan aakhiraa beekhu'urraa qalbiin isaanii balla'a, akka qiyaaman hin dhufne murataniiti yaadan

بَلْ هُمْ مِّنْهَا عَمُونَ ﴿٦٦﴾

*Warri qiyaaman hin dhuftu je'u, kan qabri'ii hin kaafamnuu yaadu, akki je'e

وَقَالَ الَّذِينَ كَفَرُوا

*Si hoggaa duunee, awwaalamnee, biyyee taane,

إِنَّا كُنَّا تَرَابًا

* Abbootin teenyas hoggaa biyyee taate,

وَأَبَاؤُنَا

67} *Si nuti jiraachifamneeti qabri'ii baa-famnaa?

آيَاتِنَا الْمُخْرَجُونَ ﴿٦٧﴾

*Eega duutaniin ni kaafamtaniin, kun nuufii abbootii teenyalle'een je'ame. nuu baallamame

لَقَدْ وُعِدْنَا هَذَا نَحْنُ وَآبَاؤُنَا

*Nu dura, akkana jechuun isaanii muhammad ni kaafamtan je'ee baallama nuu se-ene, akka namni isa duraa ab bootii teenyan je'e, silaa odoo dhugaa tayee ni garraa, haa

مِنْ قَبْلُ

tayuu nama kaafame hin garree,
68} *Wanni nuun je'an kun kijiba warri
dura katabe je'an .

إِنَّ هَذَا إِلَّا أَسْطِيرُ الْأَوَّلِينَ ﴿٦٨﴾

*Wanni isaanin jettu mee biyya ummata
dur keessa yaa'aadhaa,
69} * Waan boodden warra kafaree taate

قُلْ سِيرُوا فِي الْأَرْضِ

فَانظُرُوا كَيْفَ كَانَ عَاقِبَةُ الْمُجْرِمِينَ ﴿٦٩﴾

laalaa ji'iin wanni isaan booda itti aanan azaaban dhurnuuu balaan dhumu'uu
bal'aan dhumu'uu sababaa isaan waan rabbiin je'u dhugo'oomsuu didaniif,
duuba warra si kijibsiise karaan isaanii kanumaa itti dhiisi.

* Jarri si kij ibsiise kun, maa Amanuu an
jettee hin yaaddayin , rabbiitu amanuu isa-
anii hin fedhinii

وَلَا تَحْزَنَ عَلَيْهِمْ

70} *Miidhaa isaan si miidhu'uuf taa'an ,
sodaattee , rakkattee, hin yaaddayin anaatu
si gargaaree,irra si aansaa .

وَلَا تَكُنْ فِي صَيْقِلٍ مِّمَّا يَمْكُرُونَ ﴿٧٠﴾

*Ammas kuffaarri makkaa wanni nabi mu-
hammadiiin je'u: azaabni yoo amanuu baa-
ttan isinitti bu'a jettu, yoom nutti bu'a
71} Yoo kan dhugaa dubbattan taatan
je'aniin.

وَيَقُولُونَ مَتَى هَذَا الْوَعْدُ

إِنْ كُنْتُمْ صَادِقِينَ ﴿٧١﴾

*Wanni jettuun wannin kajeelu akka isiniif
dhiyaate,
72} *Gariin azaaba isin jarjarsiifattanii

قُلْ عَسَى أَنْ يَكُونَ رَدْفَ لَكُمْ

بَعْضُ الَّذِي تَسْتَعْجِلُونَ ﴿٧٢﴾

isinitti dhiyaate je'iin, azaabni isaanitti dhiyaate sun, azaaba guyyaa lola ba-
dri'ii itti bu'ee, kan kuffaara sanirraa torbaatam ajjeefamee torbaatam booj-
iyame, kun azaaba addunya'aati. ammoo azaabni aakhira'aa, dhufu'uuf taa'a,
eega du'aatii,

*Rabbiin kee kan tola namaa oolu kan ku-
ffaara azaaba isaanirraa booda aansu'uun
isaan qananiise,

وَإِنَّ رَبَّكَ لَذُو فَضْلٍ عَلَى النَّاسِ

73} *Haa tayuu irra hedduun namaa rabbiif
galata hin galchu .. kuffaarri, rabbiin azaaba
isaanirraa booda aansuudharratti galata isa-
an galchan sun qananumaayuu tayuu hin
seyan, waan aakhiraan hin dhuftuu yaa-
daniif

وَلَكِنَّ أَكْثَرَهُمْ لَا يَشْكُرُونَ ﴿٧٣﴾

*Rabbiin kee waan isaan gara'atti qabatan
yookaa dhoysan beekha,
74} *Waan isaan arrabni mul'isan beekha

وَإِنَّ رَبَّكَ لَيَعْلَمُ مَا تُكِنُّ صُدُورُهُمْ

وَمَا يُعْلِنُونَ ﴿٧٤﴾

*Wanni akkaan sami'iifii dachii keessatti
namarraa dhokhatu,
75} *Kitaaba waa hunda ibsu, kan waa hu-
ndi keessatti katabamtee jirtu, keessa jirti,
hundi rabbi biratti beekka maa ..waan rab-
biin beekhee achitti katabee dabarsarraa
warra isatti kafa re kan anbiyoota kijibsiise
qixaaxuu .

وَمِمَّنْ غَابَبِ فِي السَّمَاءِ وَالْأَرْضِ

إِلَّا فِي كِتَابٍ مُّبِينٍ ﴿٧٥﴾

*Qur'aanni kun ,

إِنَّ هَذَا الْقُرْآنَ

*Ilmaan israa'iil ,kanneen zamana nabi
muhammad jiruuf, dubbatee addeessa,
76} *Irra hedduu waan isaan keessatti wal
dhabanii hanga haqaafii waan haqa hin ta-
yin addaan isaanii baasu takkatti, sanirraa
dubbii nabi kgiisa'aa tan isaan keessatti wal
dhaban, isaanii dubbateeti waan haqaa isaa-
nii ibse, odoo silaa qabatanii .

يَقُصُّ عَلَىٰ بَنِي إِسْرَائِيلَ

أَكْثَرَ الَّذِي هُمْ فِيهِ يَخْتَلِفُونَ ﴿٧٦﴾

*Qur'aanni kun jallinarraa qajeello'otti na-
ma baasa,
77} *Kan warra itti amane, azaabarraa na-
jaa baasu, kan waan rahgmata isaanii qab-
utti isaan geessu.

وَإِنَّهُ هُدًى

وَرَحْمَةً لِّلْمُؤْمِنِينَ ﴿٧٧﴾

*Rabbiin kee guyyaa qiyama'aa, isaanjidd-
u'utti firdii godha, isaatu dubbii isaanii laa-
lee mura,
* Akka qixxe'etti,

إِنَّ رَبَّكَ يَقْضِي بَيْنَهُمْ

بِحُكْمِهِ

78} *Rabbiin jabaa beekhaa , kan nam to-
kkolleen firdii isaa diduun hin mijjooyne,
akka addunya'arratti firdii anbiyaa isaa did-
anitti

وَهُوَ الْعَزِيزُ الْعَلِيمُ ﴿٧٨﴾

*Rabbii keetitti irkadhu, isuma abdadhu.

فَتَوَكَّلْ عَلَى اللَّهِ

79} *Ati diin haqaa mulataarra jirtaa siitu
booda kuffaara si dhibe kana, cabsee irra

إِنَّكَ عَلَى الْحَقِّ الْمُبِينِ ﴿٧٩﴾

anaa Rabbiin kuffaara warra isa moromu ,
nama du'e, ammallee nama duudaa, waan
dhageenye , ballaa waan garretti fakeessee,
nabi Muhammadiin akki jee .

*Yaa ergamaa kiyya ati kuffaara hin dhage-
eessiftu isaan akka nama du'eetii gorsa kee
hin dhagayanii .

*Nama duudaa yaaminsa hin dhageessiftu.

80} * Hoggaa takkaa gaafa isaan waan ati
jettu dhagayu'urraa gara galan akka duu-
daa ifgodhanii.

*Ati warra qalbiin isaanii ballaaa , karaa ja-
llaa isaan yaa 'anirraa, karaa gaarii , qajee-
Ichuu hin dandeessu .

*Namni ati dhageessiftu,kan waan sirraa
dhagayuun gorfamu nama aayata keenya
,quraana keenyatti amanu kan nuti iimaana
isaanif dabarsine .

81} *Isaanii Rabbiifif kennee waan inni je'u
hunda dhagayu. isaan kana qajeeIchuu ni
dandeessa, Rabbiitu ,odoo isaan hin arga-
msiisin akka amananii jannata seenan mu-
ree dabarsee

*Hoggaa qiyaaman dhiyaattee waytiin yo-

okaa yaroon azaabni kuffaaratti bu`u geesse, sun gaafa namni hundi badee,
dubbii rabbii isaanii dhagayuu dhiisanii, kheyriin cittee, namni waan gaari'itti
nama gorsee, waan hamtu'urraa nama dhoowwu, dhabamee

*Bineensa lafarra deemu tokko isaanii

baafna maqaan ,waan sanii {jassaasa} dheerinni isi'ii hanga dhuudhuma jaha-
atamaati, reeban hin dhaqqabaniid, dheysan jalaa hin bayan, isiin sifa, bineensa
hundaati qabdi, isiin bakka jirtuu guyyaa sadii keessatti baati, kan namni isii
bayu'utti jirtu daaw'atu, isiin hoggaa sadii mul'atti takka yamanitti takka baadi-
ya'atti am mas eega hanga teesse teessee, masjidada makkaa keessan mul'atti isi-
in hoggaa baatu, ulee muusa'aatifii, hamartii nabi suleymaan qabdi, irra jabaan
waan je'amee: isiin ilmoo gaala nabi sgaalihi tan hoggaa haadha ajjeessan ce-
etee dhagaan baqaqeeffii keessa seente isi'iitu baya, isiin bayuun asxaa qiya-

إِنَّكَ لَا تَسْمَعُ الْمَوْتَىٰ

وَلَا تَسْمَعُ الضَّمَّ الدَّعَاءِ

إِذَا وَلَوْ أَمْدَبِينَ ﴿٨٠﴾

وَمَا آتَىٰ بِهَدْيِ الْعُمَىٰ عَنْ ضَلَالَتِهِمْ

إِنْ تَسْمَعُ إِلَّا مَنْ يُؤْمِنُ بِآيَاتِنَا

فَهُمْ مُّسْلِمُونَ ﴿٨١﴾

وَإِذَا وَقَعَ الْقَوْلُ عَلَيْهِمْ

أَخْرَجْنَاهُمْ دَابَّةً مِنَ الْأَرْضِ

aman dhiyaatu'uuti maalif qiyaaman hanga waa sagal argamutti hin dhaa-
bbattuu, saylanirraa takka isi'i ,

*Isiin hoggaa baate, nama zamana isi'ii ji-
mni dubbifti, waan isiin namaan jetturraa,
82} *Namni aayata keenya, quraana keena

تَكَلِّمُهُمَّ أَنَّ النَّاسَ

كَانُوا بِآيَاتِنَا لَا يُوقِنُونَ ﴿٨٢﴾

hin dhugo'oomsu rabbi in isiniin je'a jettee nama dubbifti jassaasan tun baanan,
kaafirri amanuun hafe, irma hin qeebalamu je-chu'u , kaa firri asxaa isiin irra
keessun beekkama mu'minninis akkasi

*Guyyaa ummata hundarraa walitti qabnu,

وَيَوْمَ نَخْشِرُ مِنْ كُلِّ أُمَّةٍ

*Nama hedduu tuuta ,

فَوْجًا

*Warra aayata keenya kijibsiisu matootii
warra kafaree, walitti qabnu dubbadhu,
83} *Isaanii hayyifamee, kan duraa deefa-
mee kan boodaa yaa'u waliin eeganii hum-
nan oofaman.

مِمَّنْ يَكْذِبُ بِآيَاتِنَا

فَهُمْ يُوزَعُونَ ﴿٨٣﴾

*Hanga hoggaa bakka itti gaafataman
dhufan,

حَتَّىٰ إِذَا جَاءُو

*Rabbiin isaanin je'utti :

قَالَ

*Aayaata anbiyoonni kiyya isittiin dhufan,
kijibsiiftanii

أَكْذَبْتُمْ بِآيَاتِي

*Kanuma gad qabdani, laaltanii, waan isi-
in taate hin beekhin, yookaa hin hubatin,

وَلَمْ تُحِيطُوا بِهَا عِلْمًا

84} *Takkaa maali wanni isin addunya
'arratti dalaguu turtan, kan aayata keenya
kijibsiisuu hin tayin?

أَمَّا ذَا كُنْتُمْ تَعْمَلُونَ ﴿٨٤﴾

*Dhugumaan azaabni isaanitti jige, yookaa
murame,

وَوَقَعَ الْقَوْلُ عَلَيْهِمْ

*Sababaa isaan rabbitti kafaraniif ,

بِمَا ظَلَمُوا

85} *Duuba isaan hin dubbatan, waan dub-
batan hin qabanii, ni cal'isan, kuffaarri bak-
ka itti dubbatuufii bakka taan qaban.

فَهُمْ لَا يَنْطِقُونَ ﴿٨٥﴾

*Si akka nuti halkan uumne, hin beynee ?
hin garree ,dukkaneessinee,

أَلَمْ تَرَوْا أَنَّا جَعَلْنَا آلِيَّ

* Akka isa keessa dalaga'arraa hara baa-
fataniif jecha

لَيْسَ كُنُوفِيهِ

*Ammas akka guyyaa uumnee ibsine hin
agarree, akka isa keessa dalaganiif jecha,
*Waan nuti hojjanne keessa ragaa dande-
ytii teenyatiitu jira,
86} *Warra rabbi dhugo'oomsuf.

وَالنَّهَارِ مُبْصِرًا

إِنِّ فِي ذَلِكَ لآيَاتٍ

لِقَوْمٍ يُؤْمِنُونَ ﴿٨٦﴾

*Guyyaa garriin duraa afuufamtu dubba-
dhu namni afuufu israafiilii,
*Kan namni sami'iifii dachii keessa jiru
hundi rifachu isaan fixxu, rifate, kan namni
tokkolleen, du'a jalaa hin baane
*Nama rabbiin fedhe malee sun jibriilifii,

وَيَوْمَ يُنْفَخُ فِي الصُّورِ

فَقَرَعَمَنَ فِي السَّمَوَاتِ وَمَن فِي الْأَرْضِ

إِلَّا مَن شَاءَ اللَّهُ

miikaa'iilii, israafiilii, azraa'iili, isaan afran kun,afuuffaa garrii duraatin hin
du'anii garrii lamaan jiddu'utti du'anii, odoo garriin lammaffa'aa hin afuuf-
amne jiraachifaman yaanni biraa garriin hoggaa sadii afuufamti je'a,takka ga-
rrii rifachiisu'uuti, takka ta fixu'uuti. Takka ta kaasuudhaati.

*Namni hundi, eega qabri'ii kaafamanii
guyyaa qiyaama aa,
*Rabbitti dhufan .

وَكُلُّ

أَنفُوهُ

*87 } *Isaanii isaaf gad je`u , isaanii dubbii
isaa dhagayu , kan nam tokko , irraan hafne
itti dhufan .

دَاخِرِينَ ﴿٨٧﴾

*Gaafa garriin lammaysa'aa afuufamte ga-
arotii ni garta

وَتَرَى الْجِبَالَ

*Kan ati gaarotii san, waan bakka isiidhaa
dhaabbattu seetu ,

تَحْسِبُهَا جَامِدَةً

*Kanuma gaarotiin sun akka duumissa, qi-
lleensi oofuti ceetee deemtu, wanni gudd-
oon gama tokko ceetu nama isii laalutti wa-
an dhaabbattu fakkaattii ,

وَهِيَ تَمْرَمُرٌ السَّحَابِ

*Sun dalagaa rabbiiti ,

صُنِعَ اللَّهُ

*Kan waa hunda tolchee uume,

الَّذِي أَنْفَعَنَ كُلَّ شَيْءٍ

88} *Inni waan isin dalagan hunda quba
qaba, waan kaaffirri dalagu quba qaba , kan
mu'minni dalagus quba qaba

إِنَّهُ خَيْرٌ مِّمَّا تَفْعَلُونَ ﴿٨٨﴾

*Namni guyyaa qiyaama'aa waan gaari'iin
dhufe, kan akka salaataa, soomanaa, sada-

مَنْ جَاءَ بِالْحَسَنَةِ

qaa ,takkaa hasanaa jechuun {laa ila aha ill-
allaahu} jechu'uu,

*Sababaa waan gaarii inni dalageef jecha,
rabbiin galata yookaa sawaaba caalaa isaa
kenna, sun jannata ,

89} *Warri waan gaarii dalage sun, soda
azaabarraa guyyaa qiyaama'aa nagaya
bayan.

*Namni waan hamtu'uun guyyaa qiya-
ma'aa dhufe, wanni hamtu'uun kufri'ii

*Fuula isaanitiin ibidda keessatti darb-
aman , hoggaa ibiddatti darbaman san, wa-
nni isaanin je'amu,

90} *Si isin waan dalaguu turtan malee wa-
an biraatif ni yakkamtanii? hin yakkamtan,
takkaa hin qixaaxamtan ,dalagaa teessan
hamtu'uun, ibidda kana haqa godhattan,
malaaykan isaaniijetti.

*Yaa ergamaa kiyya wanni isaaninjettu: an
waaqa makka uume gabbaruu, yookaa
ibaadu'uttin ajajame,

*Rabbii yookaa waaqa biyya makkaa tana,

haraama god he, dhoowwama godhe , akkana jechuun: kan biyya na gayaa
kan isii keessatti namni hin ajjeefamne, kan isii keessatti nam to kkolleen hin
miidhamne, kan mukni isi'ii hin muramne, kan bineensi isi 'ii hin al'oolamne,
kan kuffaarri hundi san quba qabu biyya miidhan yookaa waan hamtuu kee-
ssatti dalaguu dhoowwe,

*Rabbiin an ibaadu isa waa hunda uumee
qabu,

91} *An wannin itti ajajame, warra rabbittl
amanerraayuu .

*Ammallee wannin itti ajajame, qur'aana
isinirratti qara'ee iimaanatti isin yaamuu

*Duuba namni isinirraa amanee qajeele,

*Lubbuma ifiitif qajeele, waan sawaabni
qajeelu'uu isaafkennamuufjecha,

*Namni iimaanarraa jallatee kafare, ifu-
matti jallatee ifumatti balleessee waan aza-

فَلَهُ خَيْرٌ مِنْهَا

وَهُمْ مِنْ فِرْعَوْنَ يَوْمِذِيَامُنُونَ ﴿٨٩﴾

وَمَنْ جَاءَ بِالسَّيِّئَةِ

فَكَبَّتْ وَجُوهُهُمْ فِي النَّارِ

هَلْ تُحْزِنُونَ إِلَّا مَا كُنْتُمْ تَعْمَلُونَ ﴿٩٠﴾

إِنَّمَا أَمْرُهُ أَنْ أَعْبُدَ رَبَّ هَذِهِ الْبَلَدِ

الَّذِي حَرَّمَهَا

وَلَهُ كُلُّ شَيْءٍ

وَأَمْرُهُ أَنْ أَكُونَ مِنَ الْمُسْلِمِينَ ﴿٩١﴾

وَأَنْ أَتْلُوا الْقُرْآنَ

فَمَنْ أَهْتَدَى

فَإِنَّمَا يَهْتَدِي لِنَفْسِهِ

وَمَنْ ضَلَّ

abni jallinaa isaa eeggatuuf,

*Wanni isaan jettu ,

فَقُلْ

92} * An namaa azaaba warra kafareetin,

إِنَّمَا أَنَا مِنَ الْمُنذِرِينَ ﴿٩٢﴾

nama sodaachisee, akka amanan godhu,yoo amanan tolte, yoo didanii kafaran, an sanirraa hin gaafatamu, wanni narratti jiru,diin itti geessu'uu an akka gaari'itti isaanitti geessee, je'i .

*Ammas wanni jettuun: galanni, waanan argadhe hundarratti, kan rabbiitii,

وَقُلِ الْحَمْدُ لِلَّهِ

*Rabbiin ragaa dandeytii isaa addunya'arratti isin garsiisu'uu jiraata lubbuu teessaniifii, waan biraa keessatti

سِيرِكُمْ أَيُّهَا

*Duuba hoggaa san dandeytii Rabbii beytan

فَعَرِّفُونَهَا

waytii beekhun isin hin fayyanne, duuba rabbiin kufTaara makkaa gaafa lola badrii dandeytii isaa garsiisee jira, ajjeessu'uufii, boojiyu'uun, malaaykan fulafii, duuba isaanii dhawu'uun, rabbiin lubbuu isaanii, ibiddatti dafee dabarsu'uun, kan isaan waan santu nutti argamaa hin yaadin, kan hoggaa nabi muhammad gaafa makka keessa kophaa jiru, odoo loIli badrii hin dhufin hoggaa rabbi in dandeytii isaa is in agarsiisu'uuf taa'a je'een qishnaa godhataniiti dhugo'oomsuu didan, duuba balaan itti buunan beekhanii dhugo'oomsan, haa tayuu beekkomsii sun isaan hin fayyanne, kuffaarri biraatis akkasi ,

93} * Rabbiin waan isin dalaydan , hin dagganne irraa isin gaafata waytii isin gaafatu`uuf qabe keessatti .

وَمَا رَبُّكَ بِغَفِيلٍ عَمَّا تَعْمَلُونَ ﴿٩٣﴾